Leencichi Lamuu Sin Tuqu

Mootii Tokkotu Ture, Guyyaa Tokko Irra Keessa Mana Isaa Ol Ba'ee Yeroo Gad Ilaalu Dubartii Haalaan Bareeddu Mooraa Tokko Keessatti Arge, Gabroota Isaa Keessaa Tokko Waamee " **Dubartiin Sun Kan Eenyuuti** " Jedhee Gaafate,

Jarris " Haadha Manaa Garbicha Kee Kan 'Feyruuzi' Jedhanii Mootichatti Himan,

Jaalalli Isii Qalbii Mootichaa Keessa Seene, Manarraa Gadi Bu'ee Feyruuziin (Abbaa Manaa Dubartittii) Waamsise,

Feyruuzis Dhufee Yaa Mootii Maal Jeettan? Jedhe,

Mootichis Talayaa Wa'ii Tokko Itti Kennee Bakka Akkanaa Ebalutti Geessiitii Deebii Isaa Naaf Fidii Koottu Jedhee Erge,

Garbichichis (Feyruuz) Xalayaa San Qabatee Gara Mana Isaatti Deebi'ee Xalayicha Bakka Taa'u Siree Isaa Bira Kaa'ee Deemsaaf Uf Qopheessee. Wayta Deemsaaf Ka'u Maatii Isaatti Nagaya Dhaammatee Ergaa Mootichaa Bakkaan Ga'uuf Ka'e, Inni Tooftaa Mootichi Itti Malaa Jiru Hin Barre,

Mootichi Garuu Akkuma Feyruuz Ba'eengara Mana Isaa Deemee Mana " Quwa Quwa" Godhe,

Haati Manaa Feyruuz Mootii Ta’uu Gaafa Bartu Rifattee Yaa Gooftaa Har’a Akkamitti Mana Kiyya Dhuftan? Jette,

Mootichis Si Dubbisuuf Dhufe Jedheen,

Isiinis “ An Rabbitti Maganfadha. Haali Isin Itti Dhuftan Kun Gaarii Waan Ta’u Natti Hin Fakkaanne” Jette.

Mootichis “ Ani Bar Mootiidha, An Gooftaa Abbaa Manaa Keetiiti, Nan Barree? Jedheen,

Isiinis ” Eeyye Yaa Mootii Baruu Isin Bareeraa, Garuu Jecha Tokko Kan Duraan Abboonni Keessan Dubbatan Kan Dagattantu Jira “ Innis

Nan Dhiisa Bishaan Keessan

Tasa Hin Waraabadhu

Sababni An Dhiisuufis

Taraa Hin Argadhu

Yoo Tisiisni Bu’e

Nyaata Kiyya Keessa

Osoman Jaalladhu

Nyaachuu Isaa Dhiisaa

Waan Sareen Keessaa Dhuge

Ati Akkamiin Dhugda? Jettee

Ammas Ittuma Fuftee “Yaa Mootii Isin Mana Hiriyaa Keessanii Deemtanii Sareen Keessan Isin Waliin Akka Bishaan Dhugu Ni Hayyamtuu??” Jette,

Mootichis Jecha Isiirraa Saalfatee Achumaan Manaa Ba’ee Deeme, Yeroo Ba’u Kophee Isaa Mana Keessatti Dagatee Ba’e,

Feyruuz (Garbichi Mootichaa) Dhimma Mootichaaf Ba’ee Ala Jira,

Eega Deemee Bakka Haajaa Isaa Ga’uuf Ka’ee Saxayaa Mootichaa San Mana Bakka Taa’etti Akka Dagatee Ba’e Yaadate, Xalayicha Fudhachuuf Gara Manaatti Yeroo Deebi’u Faana Mootichaa Arge, Yeroo Mana Ol Seeny Kopheen Mootichaa Mana Keessa Jira, Yeroo Kana Argu Bay’ee Aare, Mootichi Tooftaadhaaf Akka Isa Erge Bare,

Waan Tokko Osoo Hin Dubbatin Xalayicha Fudhatee Bakka Itti Ergame Geessee Ajaja Mootichaa Guuteef,

Mootichis Galata Hojii Isaa Diinaara 100 Kenneef,

Feyruuzis Qarshicha Fudhatee Gara Suuqaa Deemee Haadha Manaa Isaatiif Uffata Bibbitee. Maatii Isiitiifis Kennaa Bitee Gara Manaa Galee Haadha Manaa Isaatiin Ka'i Deemnee Maatii Kee Dubbifna Jedheen,

Isinis Maaliif Jette?

Innis Mootiin Koo Maallaqa Waan Naaf Kenneef Maatii Kee Deemnee Dubbisuu Qabna, Jedhe,

Isiinis Tole Jettee Kaatee Waliin Deemte,

Maatiinis Gammadanii Kennaa Jaraas Fudhatani,

Feyruuzis Haadha Manaa Isaa Maatii Biratti Gatee Deemem,

Erga Isiin Ji'a Tokko Maatii Bira Turteen Booda Obboleessi Isii Feyruuziin Bira Dhufee, Maal Nutti Dallante? Maaf Mucaa Keenyae Nu Biratti Gatte?Yoo Sitti Balleessine Nu Himadhu Jedheen,

Feyruuzis Ni Jedhe Isin Waan Tokko Natti Hin Balleessine, Yoo Na Himattanis Tole Jedhe,

Sana Booda Mana Murtiitti Wal Himatani,

Yeroo Kana Mootichi Abbaa Murtii Bira Ture,

Obboleessi Haadha Manaa Feyruuz Himannaa Eegale, “Kabajamoo Abbaa Murtii Nuti Mucaa Kanaaf Ooyruu Dallaan Isaa Nagaa, Kan Biiriin Isaa Qulqulluu, Kan Burqaan Isaa Hin Qoorre, Muka Firii Qabu, Kan Firiin Isii Mi’aayu, Itti Kennine, Inni Immoo Dallaa San Diigee, Biiriis /Burqaa Gogse, Jedhee Himate,

Abbaan Murtiis Gara Feyruuz Mil’atee At Maal Jetta Jedheen?

Innis Yaa Abbaa Murtii Ani Ooyricha Dhugaadha Ooyricha Fuudheera, Akkuman Fuudhetti Nagumaan Abbaadhaaf Deebise, Jedhe,

Abbaan Murtiis Ooyricha Akkuma Fuudhetti Isiniif Deebisee? Jedhee Obboleessa Gaafate,

Obboleessi Isiis Eeyye , Garuu Sababa Nutti Deebiseef Baruu Barbaada Jedhe,

Abbaan Murtichaas Yaa Feyruuz Maal Jetta Jedheen?

Feyruuzis Akkana Jechuun Deebii Kenne ; “ Rabbitti Kakadha Ooyricha Jibbee Miti Kan Deebiseef, Garuu Guyyaa Tookko Yeroon Mana Galu Faana Leencaan Arge (Kophee Mootii Jechuu Fedheeti) San Booda Kabaja Leencaatiif Na Nyaata Jedhee Waan Sodaadheef Ooyrucha Abbaaf Deebisuu Filadhe Jedhe,”

Yeroo Kana Mootichi Irkataa Ture Ol Ka’ee Taa’ee Ni Jedhe ; “ Yaa Gurbaa Gara Ooyruu Keetiitti Nagaan Deebi’i, Rabbitti Kakadhee Amma Booda Leenci Ooyruu Kee Keessa Hin Seenu, Dhugaadha Dura Seenee Ture. Garuu Waan Tokko Hin Balleessine, Baala Tokkos Irraa Hin Buusne, Firii Tokkos Hin Qammasne, Yeroo Xiqqoof Malee Ooyrucha Keessa Hin Turre, Achumaan Ba’ee Deeme,

Rabbitti Kakadhee Leenca Akka Ooyruu Keetii Kan Eegumsi Isaa Jabaa, Kan Dallaan Isaa Homaa Hin Seenneedha” Jedhe,

Feyruuzis Haadha Manaa Isaa Fudhatee Gara Mana Isaatti Gale,

Abbaa Murtii Dabalatee Namni Biraas Waan Ta’e Osoo Hin Barin Xumuram,

Kitaaba **“ Saa’atan Wasaa’aa**” Jedhu Irraa Hiikame, An A/Oromootti Hiikuun Kan Isiniif Dhiyeesse **Abdussalaam Idriis,** Yaada Akka Sumas Dogongorakoo Naaf Sirreessuuf Karaa Lakk Bilbilaa ***0905550014*** Na Qunnamuu Dandeessu,